# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA ROOMAATTI ERGE

1 Garbicha Kiristoos Yesuusiitiifi
ergamaa akka wangeela
Waaqayyoo lallabuuf Waaqaan
filatamee waamame Phaawuloos
irraa; [2]Wangeelli kunis isa Waaqayyo
duraan dursee karaa raajota[a]
isaatiin Kitaabota Qulqulluu[b]
keessatti waadaa[c] seeneedha.
[3]Wangeelichis waayee ilma Waaqay-
yoo isa akka fooniitti sanyii Daawiti
irraa dhalatee, [4]akka hafuura
Qulqullummaatti immoo warra
du'an keessaa ka'uu isaatiin ilma
Waaqayyoo ta'uun isaa humnaan
labsamee dha; innis Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosi. [5]Nus
karaa isaatiin, sababii maqaa
isaatiinis ormoota hunda keessaa
akka gara ajajamuu amantiin[d]
argamuutti namoota waamnuuf
ayyaanaa fi ergamtummaa ar-
ganneerra. [6]Isinis warra akka kan
Yesuusi ta'aniif waamaman sana
keessa jirtu.

[7]Warra Waaqaan jaalatamtanii
qulqulloota ta'uuf waamamtan
kanneen Roomaa jirtan hundaaf;
Waaqayyo Abbaa keenya irraa fi
Gooftaa Yesuus Kiristoos irraa
ayyaannii fi nageenni isiniif haa
ta'u.

**Phaawuloos Roomaa Daawwa-chuuf Hawwuu Isaa**

[8]Sababii Amantiin keessan ad-
dunyaa mara irratti dhaga'amaa
jiruuf, ani duraan dursee waayee
hunduma keessaniitiif karaa Ye-
suus Kiristoosiitiin Waaqa kiyya
nangalateeffadha. [9]Akka ani
kadhannaa kiyya keessatti otoo
wal-irraa hin kutin yeroo cufa isin
yaadadhu Waaqni ani wangeela
ilma isaa lallabuudhaan garaa
kiyya guutuun isa tajaajilu[e] sun
dhugaa-baatuu[f] kiyya. [10]Ammas
dhumarratti akka ani gara keessan
dhufuuf fedhii Waaqayyootiin
akka karaan naa banamu nan
kadhadha.

[11]Akka isin jabaattaniifis ken-
naa hafuuraa tokko tokko isinii
hiruuf isin arguu baay'ee nan
hawwa. [12]Kunis akka isinii fi ani
amantii tokkoo tokkoo keennaatiin
wal-jajjabeessinuuf. [13]Yaa obbo-
leeyyan kiyya, akkuma ani or-
moota kaan keessatti hujii bu'aa
qabeessa hojjadhe sana jidduu
keessanittis akkasuma akka
hojjadhuuf yeroo baay'ee gara
keessan dhufuu yaadaa turuu
kiyya, garuu hanga ammaatti
dhowwamuu[g] kiyya akka beettan
nan barbaada.

[a]2 ykn *raagota;* [b]2 ykn *Woyyuu;* [c]2 ykn *kakuu;* [d]5 ykn *dhugeeffachaan*; [e]9 ykn *hojjad-huuf*; [f]9 ykn *rageessituu/dhugeessituu;* [g]13 ykn *dhorgamuu/ dhorkamuu*

[14]Ani namoota Girikiitii fi warra nama Girikii hin ta'iniif, beettotaa fi wollaaltootaaf itti gaafatama uf irraa qaba. [15]Isin warra Roomaa jirtanittis wangeela lallabuuf hawwuun kiyya kanumaaf.

[16]Ani wangeelatti hin qaana'u; kunis sababii wangeelli humna Waaqayyoo kan warra amanan mara jechuunis duraan dursee Yihuudota, itti aansee immoo namoota Girikii fayyisuufi. [17]Wangeela keessatti qajeelummaan Waaqayyoo amantii irraa gara amantiitti mullifameeratii; kunis akkuma, "Namni qajeelaan amantiidhaan jiraata" jedhamee barreeffamee dha.

**Dheekkamsa Waaqayyoo**

[18]Dheekkamsi Waaqayyoo jaldhinnaa fi cubbuu namootaa warra hammeenna isaaniitiin dhugaa ukkaamsan hunda irratti samii irraa ni bu'a. [19]Waayee Waaqayyoo wanni beekkamuu danda'amu isaaniif ifaa dha; Waaqayyo isaaniif ibseeraatii. [20]Haalli Waaqayyoo jechuunis humni isaa kan barabaraa, Waaqummaan isaas yoo ijaan[h] hin argamnellee uumama addunyaatii jalqabee waan uumame irraa hubatamee ifatti ni muldhata; kanaaf isaan waan jedhan tokkollee hin qaban.

[21]Isaan yoo Waaqa beekanillee akka Waaqummaa isaatti ulfinna hin kennineef; galatas hin galchineef. Garuu yaanni isaanii waan faayidaa hin qabne ta'e; qalbiin isaanii inni hin hubannes ni dukkanaa'e. [22]Isaan yoo qaroota ufiin jedhaniyyuu gowwoota ta'an; [23]ulfinna Waaqa jiraataas nama du'utti, simbiratti[i], horii miila afuriitti akkasumas uumamawwan lafa irra loo'anitti fakkeessuudhaan jijjiiran.

[24]Kanaaf Waaqayyo akka isaan nafa walii isaanii salphisaniif kajeellaa garaa isaaniitiin xuraawummaatti dabarsee isaan kenne. [25]Isaanis dhugaa Waaqayyoo dharatti jijjiiran; isa uume dhiisanii uumama waaqeffatan; ni tajaajilanis. Uumaan barabaraan eebbifamaa dha; aamiin.

[26]Sababii kanaaf Waaqayyo dabarsee hawwii jibbisiisaatti isaan kenne; dubartoonni isaaniilleen saal-qunnamtii uumamaa dhiisanii gara saal-qunnamtii kan uumamaa hin ta'iniitti jijjiiran. [27]Warri dhiiraas akkanuma saal-qunnamtii dubartoota wajjiin godhan kan uumamaa dhiisanii kajeellaa fooniitiin walii isaaniitiif gubatan; warri dhiiraa, dhiira dhibii wajjiin gocha jibbisiisaa raawwatan[j]; dogongora isaanii kanaafis adaba isaanii malu ufuma isaaniitiin fudhatan.

[28]Sababii isaan Waaqa beekuu akka waan faayidaa hin qabneetti

[h]20 ykn *ilaan;* [i]23 ykn *simphirreetti;* [j]27 ykn *hojjatan*

fudhataniif Waaqayyo immoo akka isaan waan hojjatamuu hin malle hojjataniif qalbii faayidaa hin qabnetti dabarsee isaan kenne.
29 Isaanis jaldhinna gosa hundaatiin, hammeenyaan, sassattummaan[k], waan hamaa namatti hojjachuu hawwuun guutaman; hinaaffaan, nama ajjeesuun, walloluun, gowwoomsuu fi dabaan guutaman; isaan hamattoota,
30 Warra maqaa nama balleessan, warra waaqa jibban, warra nama arrabsan, warra of tuulanii fi warra of-jajanii dha; isaan warra karaa ittiin hammeenna hojjatan yaadan, warra Abbaa fi haadha isaaniitiif hin ajajamneedha.
31 Isaan warra qalbii hin qabne, warra walii galtee diigan, warra jaalala hin qabnee fi warra namaaf garaa hin laafnee dha.
32 Isaan seera Waaqayyoo kan, ‘warra waan akkanaa hojjatan du'uutu isaanii mala' jedhu sana yoo beekanillee ofii isaaniitiif waan akkanaa hojjachuu qofa otoo hin ta'in warra waan kana hojjatanillee ni jajjabeessu.

**Murtii Waaqaa Isa Qajeelaa**

2 Kanaaf yaa namanana, ati yoo abbaa fedhellee taate kan nama kaanitti murtu waan itti qabattu hin qabdu; waan ittiin namatti murtu cufaan ofittis ni murtaatii; ati inni murtii kennituyyuu ufii keetiis isuma hojjattaatii.
2 Murtiin Waaqayyoo kan warra waan akkanaa hojjatan irratti raawwatamu[l], dhugaa irratti akka hundaaye ni beenna.
3 Yaa namanana, ati yommuu warra waan akkanaa hojjatanitti murtee ufii keetii immoo waanuma akkasii hojjattu waan murtii Waaqayyoo jalaa baatu seetaa?
4 Yookiin ati akka gaarummaan Waaqayyoo gara qalbii jijjiirannaatti si geessu otoo hin hubatin badhaadhummaa gaarummaa isaa, gara-baldhi nna isaatii fi obsa isaa ni tuffattaa?
5 Ati garuu sababii mata-jabeenna keetiitii fi garaa[m] kee isa cubbuu irraa hindeebine sanaatiif guyyaa dheekkamsa Waaqayyoo kan murtiin qajeelaan itti muldhatu sanaaf dheekkamsa of-irratti kuusaa jirta.
6 Waaqayyo, "nama hundaaf akkuma hujii isaatti gatii isaa ni kenna."
7 Inni warra obsaan waan dansaa hojjachaa guddinna, ulfinnaa fi jireenya hin dabarre barbaadaniif jireenya barabaraa ni kenna.
8 Warra uf qofa jaalataniifi dhugaadhaaf ajajamuu didanii hammeenna hordofan garuu dheekkamsaa fi aariittu isaan eegata.
9 Nama hammeenna hojjatu mara irratti, duraan dursee Yihuudii irratti booddee[n] immoo nama ormaa irratti dhiphinniifi rakkinni ni dhufa.
10 Garuu nama

[k]29 ykn *sabdummaan;* [l]2ykn *muramu/ kennamu;* [m]5 ykn *onnee;* [n]9 ykn *duubatti*

waan gaarii hojjatu cufaaf duraan dursee Yihuudiif booddee immoo Girikiif guddinni, ulfinnii fi nageenni ni ta'a. **11**Waaqa biratti nama walcaalchisuun hinjiruutii.

**12**Warri otoo seera hin qabaatin cubbuu hojjatan hundinuu seera malee barbadaawu; warra otoo seera qabanuu cubbuu hojjatan hundattis seeruma sanaan murama. **13**Sababiin isaas warra seeraaf ajajamanitu fuula Waaqayyoo duratti qajeeltota malee warri seera dhagayan qajeeltotaa miti. **14**Namoonni ormaa warri seera hin qabne yoo uumamaan waan seerri ajaju raawwatan, yoo seera qabaachuu baatanillee isaan ufii isaaniitiif seera tokkoo dha. **15**Qalbiin isaanii waan rageessuuf[o], yaanni isaaniis waan isaan himatuuf, waan isaanii falmuufis akka ajajni seeraa garaa isaanii keessatti barreeffame ni agarsiisu. **16**Akka wangeela ani lallabuutti wanni kun gaafa Waaqayyo dhossaa namootaa karaa Yesuus Kiristoosiitiin murtii itti kennutti ta'a.

### Yihuudotaa Fi Seera

**17**Ati yoo Yihuudii ufiin jette, seerattis yoo amanatte, yoo Waaqayyoonis boonte, **18**fedhii isaa yoo beette, yoo seera sanaanis qajeelfamtee waan hunda caalu gargari baafatte, **19**warra iji[p] isaanii jaameef dura-deemaa, warra dukkana keessa jiraniif immoo ifa ta'uu kee yoo amante, **20**karaa seeraatiinis beekumsaa fi dhugaa qabduun yoo wollaaltota gorsite, daa'immanis yoo barsiifte, **21**egaa ati kan warra kaan barsiiftu, ufimmoo hin barsiiftuu? kan 'hin hatinaa' jettee barsiiftu ufii keetii ammoo ni hattaa? **22**Ati kan, 'namoonni ejjuu[q] hin qaban', jettu ufii keetii ni ejjitaa[q]? Kan waaqota harka namaatiin tolfaman akka malee jibbitu mana qulqullummaa ni saamtaa? **23**Ati kan Seeraan boontu seera cabsuudhaan Waaqa ni salphiftaa? **24**"Sababii keessaniif maqaan Waaqayyoo namoota ormaa keessatti arrabsama"jedhamee barreeffameeraatii.

**25**Yoo ati seera eedde dhagnaqabannaan[r] faayidaa qaba; yoo seera cabsite garuu akka waan dhagna hin qabatinii taateerta. **26**Warri dhagna hin qabatin yoo waan seerri ajaju eegan, akka waan dhagna qabataniitti hin ilaalamanii ree? **27**Namni otoo fooniin dhagna hin qabatin seera eegu tokko si'ii nama seera barreeffamee fi dhagna qabaa qabaattee seera cabsitutti ni mura.

**28**Namni bifa alaan muldhatu qofaan Yihuudii dhugaa hin ta'u; gadoomuun dhugaanis sirna foonii

[o]15 ykn *dhugaa bawuuf/ dhugeessuuf;* [p]19 ykn *iltii;* [q]22 ykn *hawadachuu;* [r]25 ykn *gadoomuun/qabaanqabaa qabachuun*

qofaa miti. [29]Namni keessa na-
muummaa isaatiin Yihuudii ta'e
inni Yihuudii dhugaa ti; gadoomuun
dhugaanis gadoomuu qalbii kan
hafuuraan ta'u malee seera bar-
reeffameenii miti. Namni akkasii
Waaqa irraa galata argata malee
nama irraa hinargatu.

### Amanamummaa Waaqayyoo

3 Egaa Yihuudii ta'uun bu'aa
maalii qaba? Yookiin faayi-
daan qabaan qabaa[s] maalii?
[2]Karaa hundaanuu bu'aa guddaa
qaba! Duraan durfamee dubbiin
Waaqayyoo Yihuudotatti imaanaa
kenname.
[3]Isaan keessaa tokko tokko yoo
hin amanin[t] maal ree? Amantii
dhabuun isaanii amanamummaa
Waaqayyoo ni hirdhisaa ree?
[4]Matumaa[u] akkas hin ta'u; namoonni
cuftinuu sobdoota, Waaqayyo
immoo dhuga-qabeessa haa ta'u;
kunis isa,

"Akka ati dubbii keetiin dhuga-
qabeessa taatuuf,
yommuu murtiitti dhiyaattuttis
akka moo'attuuf "
jedhamee barreeffamee dha.

[5]Yoo jaldhinni keenya qajeelinna
Waaqayyoo muldhise garuu maal
jenna ree? Waaqayyo dheek-
kamsa isaa nutti fiduun isaa
qajeelinna dhabeetii? Kanas
akka namaattin dubbadha. [6]Akkasii
miti! Waaqayyo otoo qajeelaa
ta'uu baatee akkamitti addun-
yaatti muruu danda'a ree?
[7]Yoo soba kiyyaan dhuga-
qabeessummaan Waaqayyoo
guddatee ulfinni isaas baay'ate
maaliif hanga ammaatti akka
cubbamaa tokkootti natti mu-
rama ree? [8]Kunis isa namoonni
tokko tokko, "Isaan, 'akka wanni
gaariin dhufuuf hammeenna haa
hojjannuu?' jedhu" jedhanii nur-
ratti odeessisanii dha; murtiin
isaanitti muramus kanuma isaanii
maluu dha.

### Namni Kamiyyuu Qajeelaa miti

[9]Egaa maal jenna ree? Nu
isaan caallaa? matumaa akkasii
miti. Akka Yihuudonnii fi Girikoonni
martinuu cubbuu jala jiran duraan
dursinee mirkaneessineerraatii.
[10]Kunis kan akkana jedhamee
barreeffamee dha:

"Qajeelaan tokkolleen hin jiru;
namni tokkoyyuu;
[11]Namni hubannaa qabu,
kan Waaqa barabaadu tokkol-
leen hin jiru.
[12]Hundinuu dogongoraniiru;
walumaa galaattis warra faayi-
daa hin qabne ta'aniiru;
Namni waan gaarii hojjatu
tokkoyyuu hinjiru;
tokkumtilleen hin jiru."
[13]"Laagaan isaanii awwaala
banamaa dha;
arraba isaaniitiin ni gowwoomsu;"

[s]1 ykn *gadoomuu/dhagna qabaa;* [t]3 ykn *hindugeeffatin;* [u]4 ykn *akkanallee jedhee*

"hadhaan bofaa hidhii isaanii
irra jira."
14"Afaan isaanii abaarsaa fi hadhaawummaan guutame."
15"Miilli isaanii dhiiga dhangalaasuuf ariifata;
16Badiisaa fi gadadootu[v] karaa
isaanii irra jira;
17Karaa nagayaas hin beekan."
18"Sodaani Waaqayyoo ija[w] isaanii
dura hin jiru."
19Akka afaan nama hundaa cufamuu fi akka addunyaan martinuu murtii Waaqayyoo jala galuuf, wanni seerri jedhu hundinuu akka warra seera jala jiraniif dubbatame ni beenna.
20Kanaafis eenyuyyuu seera eeguudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa hin ta'u; Seerri maalummaa cubbuu beessisaatii.

**Qajeelinna Amantiin Argamu**

21Amma garuu qajeelinni Waaqayyoo inni seeraan adda ta'e kan seerrii fi raajonni[x] dhugaa-ba'aniif[y] muldhateera;
22Qajeellinni Waaqayyoo kan Yesuus Kiristoositti amanuun argamu kunis warra isatti amanan cufaafi; garaagarummaan hin jiruutii.
23Sababii marti isaaniiyyuu cubbuu hojjataniif ulfinni Waaqayyoo isaani irraa hirdhateera.
24Isaanis ayyaana Waaqayyoo isa furama karaa Kiristoos Yesuusitiin toluma kennameefiin qajeeltota ta'aniiru.
25Karaa dhiiga isaatti amanuutinis akka inni aarsaa[z] araaraa ta'uuf Waaqayyo isa dhiyeesse; kana gochuun isaas cubbuu kanaan dura hojjatame otoo hin adabin waan obsaan bira dabreef qajeelinna isaa agarsiisuuf jedheeti.
26Innis yeroo ammaa qajeelummaa isaa agarsiisuu fi akka nama Yesuusitti amanus qajeelaa godhu mirkaneessuuf waan kana godhe.
27Yoos uf-tuuluun eessa jira ree? Inni hambifameera. Seera kamiin? Seera eeguun moo? Akkasii miti; seera amantiitiin malee.
28Akka namni seera eeguun otoo hin ta'in amantiidhaan qajeelaa ta'u ni amannaatii.
29Waaqayyo waaqa Yihuudotaa qofa moo? Inni Waaqa namoota ormaas mitii? Eeyee, inni waaqa namoota ormaatis.
30Isa dhagna qabates amantiin, isa dhagna hin qabatinis amantiidhuma sanaan qajeelaa kan godhu Waaquma tokkicha.
31Yoos nu amantii kanaan seera sana gatii dhabsiifnaa ree? Matumaa akkasii miti; seericha ni cimsina malee.

**Abrahaam Amantiin qajeelaa Ta'e**

4 Egaa Abrahaam inni karaa fooniitiin abbaa keenya ta'e sun

[v]16 ykn *deegummaattu;* [w]18 ykn *ila;* [x]21 ykn *raagonni;* [y]21 ykn *dhugeessaniif/ rageessaniif;* [z]25 ykn *sooriyoo*

maal argate jenna ree? 2Abra-
haam otoo hujiin qajeelaa ta'ee
silaa waan ittiin boonu qaba ture;
fuula Waaqayyoo duratti garuu
akkasii miti. 3Kitaabni maal jedha?
"Abrahaam Waaqa amane[a]; ku-
nis akka qajeelummaatti lak-
kaawameef[b]."

4Mindaani[c] nama hojjatu tok-
koof kennamu akka gatii dafqa[d]
isaatti lakkaawama malee akka
kennaa tolaatti hin lakkaawamu.
5Nama hin hojjanne, kan akka
Waaqayyo nama cubbamaa qa-
jeelaa godhu amanuuf garuu,
amantiin isaa qajeelummaatti
lakkaawamaaf. 6Daawitis akka
namni waaqni qajeelummaa hu-
jiin hin argamin lakkaawuuf
eebbifamaa ta'e yommuu dub-
batu akkana jedha;

7"Warri yakki isaanii dhiifameef,
cubbuun isaaniis dhoffameef
eebbifamoo dha.
8Namni Gooftaan cubbuu itti
hin lakkoofne
eebbifamaa dha."

9Eebbi kun warra dhagna qa-
batan[e] qofaaf moo warra dhagna
hin qabatiniifis? Abrahaamiif
amantiin akka qajeelummaatti
lakkaawame jenneerraatii. 10Kun
egaa akkamitti isaaf lakkaawame
ree? Erga inni gadoomee moo
otoo inni hingadoomini? Otoo inni
hin gadoomin malee erga inni
gadoomee miti. 11Innis qajee-
lummaa otoo qabaanqabaa
hinqabatin amantiin argate
sanaaf akka chaappaa isaa ta'uuf
milikkita[f] qabaanqabaa fud-
hate; kunis inni warra otoo qa-
baanqabaa hin qabatin amanan
kanneen amantiin isaanii qajee-
lummaatti lakkaawameef hun-
daaf akka abbaa ta'uuf. 12Akka-
sumas inni warra dhagna qa-
bataniif, dhagna qabachuu qofas
otoo hin ta'in warra karaa aman-
tii abbaan keenya Abrahaam
otoo dhagna hin qabatiniin dura
fudhate sana hordofan cufaaf
abbaa dha.

13Abrahaamii fi ilmaan isaa
akka addunyaa dhaalaniif waadaa[g]
Waaqayyo galeef sana qajeelum-
maa amantiitiin dhaalan malee
karaa seeraatiini miti. 14Yoos
yoo warri seeratti bulan dhaal-
tota ta'an amantiin gatii hin
qabu; waadaanis womaa hin
fayyadu. 15Seerri dheekkamsa
fidaatii; lafa seerri hin jirre garuu
yakki hin jiru.

16Waadaan kunis akka ay-
yaanaan ta'uu fi akka ilmaan isaa
maraaf jabaatee jiraatuuf amantii
irratti hundeeffame; innis warra
akka Abrahaam amananiif malee
warra seera eegan qofaafii miti;

[a]3 ykn *dugeeffate;* [b]3 ykn *herregameef;* [c]4 ykn *gatiin dadhabbii;* [d]4 ykn *danfa;* [e]9 ykn *gadoomman/qabaan qabaa qabatan;* [f]11 ykn *malkata/milikkeeta;* [g]13 ykn *kakuu*

Abrahaam abbaa hunduma keennaatii. 17 Kunis akkuma "Ani abbaa saboota baay'ee si taasiseera" jedhamee barreeffame dha. Abrahaamis Waaqa itti amane, Waaqa warra du'aniif jireenya kennuu fi isa waan hin jirre akka jiraatu godhu duratti abbaa keenya.

18 Abrahaamis akkuma, "Sanyiin kee akkas ni ta'a" jedhametti otoo abdiin hin jiraatin abdiin amanee abbaa saboota baay'ee ta'e. 19 Innis waan umriin[h] isaa gara waggaa dhibbaa tureef nafni isaa akkuma waan du'ee ta'uu isaati fi Saaraanis dhabduu[i] ta'uu ishii yommu argettillee amantii isaatti hin laafne. 20 Inni amantii isaatti jabaachuun Waaqa galateeffate malee waadaa Waaqayyoo irratti amantii dhabee hin raafamne. 21 Sababiin isaas akka Waaqayyo waan waadaa galee raawwachuu danda'u inni garaa guutuun amaneera. 22 Kanaaf amantiin isaa; "qajeelummaatti isaaf lakkaawame." 23 Dubbiin, "qajeelummaatti isaaf lakkaawamee" jedhu kun Abrahaam qofaaf hin barreeffamne; 24 Nuufis, warra waaqa Yesuus Goftaa keenya warra du'an keessaa kaase sanatti amannuufis, qajeelummaatti ni lakkaawama. 25 Yesuus cubbuu keennaaf dabarfamee du'atti kenname; akka nu qajeelummaa argannuuf immoo du'aa kaafame.

**Nagayaa Fi Gammachuu**

5 Kanaaf eega amantiin[j] qajeelummaa argannee nu karaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiin Waaqa waliin nagaya qabna. 2 Ayyaana amma jabaannee ittiin dhaabannu kanattis karaa isaatiin amantiin galuu dandeenye. Abdii ulfinna Waaqayyoottis baay'ee ni gammanna. 3 Kana qofaa miti; nu rakkinna keennattis ni gammanna; akka rakkinni obsa fidu ni beennaatii. 4 Obsi jabaatanii dhaabachuu, jabaatanii dhaabachuun immoo abdii fida. 5 Jaalalli Waaqayyoo karaa hafuura Qulqulluu[k] nuu kennamee sanaatiin garaa keenya keessatti waan dhangalaafameef abdiin kun nu hin qaanessu[l].

6 Otoo nu dadhabdoota taanee jirruu yeroo murtaayetti Kiristoos cubbamtootaaf jedhee du'e; 7 Namni nama gaariif du'u tarii ni argama ta'a; nama qajeelaaf kan du'u garuu argaminnaa laata! 8 Garuu otoo nu cubbamtoota taanee jirruu Kiristoos nuuf jedhee du'e; kunis jaalala Waaqayyo nuuf qabu agarsiisa.

9 Egaa nu amma eegii dhiiga isaatiin qajeelummaa argannee, akkami karuma isaatiin dheekkamsa Waaqayyoo jalaa hin baane

[h]19 ykn *gannii;* [i]19 ykn *maseena;* [j]1 ykn *dhugeeffachaan;* [k]5 ykn *hayyaana wayyuu;* [l]5 ykn *hin yeellaasisu/hinceersu*

ree! [10]Nu otoo diinota[m] Waaqayyoo taanee jirruu eega du'a ilma isaatiin isatti araaramnee, erga isatti araaramnee booddee immoo hagam caalaa jireenya isaatiin hin fayyinu ree! [11]Kana qofaa miti; nu garuu Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isa ittiin araara arganne sanaan Waaqayyootti ni gammanna.

**Duuti Addaamiin dhufee, Jireenyi Immoo Kiristoosiin Dhufe**

[12]Kanaaf akkuma cubbuun karaa nama tokkootiin addunyaa seene duuti immoo karaa cubbuutiin seene; sababii namni hundinuu cubbuu hojjateefis duuti nama hundatti dhufe. [13]Otoo seerri hin kennaminiin duratti cubbuun addunyaa keessa tureetii; lafa seerri hin jirretti garuu cubbuun hin lakkaawamu[n]. [14]Ta'us duuti bara Addaamii irraa jalqabee hanga Muuseetti warra dogongora akka dogongora Addaami hin hojjatin irrattillee moo'ee ture; Addaamis Isa dhufuuf jiru sanaaf fakkeenna ture.

[15]Kennaan tolaa sun garuu akka cubbuu sanaatii miti; eega sababii cubbuu nama tokkootiin namoonni baay'een du'anii ayyaanni Waaqayyootii fi kennaan karaa ayyaana nama tokkootiin jechuunis kennaan karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufe sun immoo hagam caalaa namootaaf haa baay'atu ree! [16]Kennaan Waaqayyoo miidhaa cubbuun namni tokko hojjate fiduun wal hin madaalu. Murtiin cubbuu tokkichaaf kenname yakka fideera; kennaan tolaa kan cubbuu baay'ee irratti kenname, garuu qajeelummaa fida. [17]Erga sababii cubbuu nama tokkootiin karaa namicha sanaatiin duuti moo'ee, warri ayyaana baay'atee irraa hafaa ta'ee fi kennaa qajeelinnaa argatan immoo karaa nama tokkoo karaa Yesuus Kiristoosi hagam caalaa jireennaan hin moo'an ree!

[18]Kanaaf akkuma cubbuun nama tokkoo nama hundatti yakka mursiise, akkasuma immoo hujiin qajeelinna nama tokkoo nama hundaaf qajeelummaa fi jireenya fida. [19]Akkkuma ajajamuu diduu nama tokkootiin namoonni baay'een cubbamtoota ta'an, akkasuma immoo ajajamuu nama tokkootiin namoonni baay'een qajeeltota ni ta'u.

[20]Seerris akka cubbuun baay'atuuf dhufe; lafa cubbuun baay'atetti garuu ayyaanni akka malee baay'ate. [21]Kunis akkuma cubbuun karaa du'aatiin moo'e sana ayyaannis karaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiin akka jireenna barabaraa fiduuf karaa qajeelinnaatiin akka moowuuf.

[m]10 ykn *nyaapha;* [n]13 ykn *hin hedamu*

## Cubbuuf Du'uu, Kiristoosiin Immoo Jiraachuu

6 Egaa maal jenna ree? akka Ayyaanni baay'atuuf ittuma fufnee cubbuu haa hojjannuu? 2 Kun matumaa[o] akkas hin ta'u! nu warri cubbuuf duune akkamitti deebinee cubbuu jala jiraanna? 3 Yookaan nu warri Kiristoos Yesuusitti cuuphamne marti akka du'a isaattis cuuphamne isin hin beettanii? 4 Kanaafuu nus cuuphaadhaan du'a isaatti ida'amnee isa waliin awwaalamneerra; kunis akkuma Kiristoos humna Abbaa isa ulfinna qabeessaan warra du'an keessaa kaafametti nus akka jireenya haaraya jiraannuuf.

5 Nu eega du'a isaatiin akkasitti isa wajjiin tokko taane, du'aa ka'iisa isaatiinis akkasuma isa wajjiin tokko ni taana. 6 Akka nafti cubbamaan balleeffamuuf, nus akka deebinee garboota cubbuu hintaaneef akka namummaan keenna moofaan[p] Yesuus waliin fannifame ni beenna. 7 Namni du'e kamiyyuu cubbuu irraa bilisoomeeraatii[q].

8 Egaa nu erga Kiristoos wajjiin duunee, akka isa wajjiin jiraannus ni amanna. 9 Kiristoos warra du'an keessaa waan ka'eef, akka inni deebi'ee hin duune ni beennaatii; duutis ammaan achi isa irratti gooftummaa hin qabu. 10 Inni du'a du'e sana si'a[r] tokko yeroo hundaaf cubbuuf du'e; jireenna jiraatu sana garuu Waaqayyoof jiraata.

11 Isinis akkasuma akka cubbuuf duutanitti, karaa Kiristoos Yesuusiitiin garuu akka Waaqayyoof jiraattota taatanitti uf ilaalaa. 12 Kanaaf isin akka kajeellaa fooniitiif hin ajajamneef akka cubbuun nafa keessan isa du'u irratti moowuu hin godhinaa. 13 Akka warra du'a irraa gara jireennaatti ce'aniitti[s] Waaqayyoof uf-dhiyeessaa malee nafa keessan mi'a jaldhinnaa gootanii cubbuuf hin dhiyeessinaa; nafa keessan mi'a qajeelinnaa godhaatii Waaqayyoof dhiyeessaa. 14 Isin ayyaana jala jirtu malee waan seera jala hin jirreef, cubbuun isin irratti gooftummaa hin qabaatu.

## Garboota Qajeelinnaa Ta'uu

15 Egaa maal haa ta'u ree? Nu sababii ayyaana jala malee seera jala hin jirreef cubbuu haa hojjannuu? matumaa hin ta'u! 16 Cubbuu gara du'aatti nama geessuufis ta'u yookaan ajajamuu gara qajeelinnaatti nama geessuuf, yommuu akka garbootaatti nama tokkoof ajajamuuf uf-kennitanitti, nama ajajamtaniif sanaaf akka garboota taatan hin beettanii? 17 Isin yoo dur garboota

[o] 2 ykn *akkanalee jedhee;* [p] 6 ykn *dullachi;* [q] 7 ykn *balchoomeeraatii;* [r] 10 ykn *marroo;* [s] 13 ykn *taakkaniitti*

cubbuu turtanillee amma garuu barumsa itti kennamtan sanaaf waan garaa gutuun ajajamtaniif Waaqayyoof galanni haa ta'u.
18Isin cubbuu irraa bilisoomtanii garboota qajeelinnaa taataniirtu.
19Sababii isin fooniin dadhaboota taataniif ani akka namaatti dubbadha; akkuma nafa keessan xuraawummaa fi hammeenya guddachaa deemuuf garba gootanii dhiyeessaa turtan sana ammas nafa keessan qajeelinna gara qulqullinnaatti geessuuf garba godhaatii dhiyeessaa.
20Isin yeroo garboota cubbuu turtanitti, qajeelinna irraa fagaattanii turtan.
21Yeroo sana waan amma itti qaanooftan kana irraa bu'aa maali argattan ree? Dhumni waan sanaa du'aatii.
22Amma garuu waan cubbuu irraa bilisoomtanii garboota Waaqayyoo taataniif bu'aan isin argattan qulqullinna; dhumni isaas jireenna barabaraa ti.
23Gatiin cubbuu du'aatii; kennaan Waaqayyoo garuu karaa Gooftaa keenya Kiristoos Yesuusiitiin jireenna barabaraa ti.

**Fakkeenna Fuudhaa Fi Heerumaa**

7 Yaa obboleeyyani, ani warra seera beekanitti dubbadhaatii; seerri nama tokko irratti aangoo[t] kan qabaatu hanga namichi sun lubbuun jiru qofaatti akka ta'e isin hin beettanii ree?
2fakkeenyaaf dubartiin heerumte tokko hanga dhiirsi ishii lubbuun jirutti seeraan isatti hidhamteerti; yoo dhiirsi ishii du'e garuu seera fuudhaa fi heerumaa sana irraa hiikamteerti.
3Kanaaf otoo dhiirsi ishii lubbuun jiruu yoo nama biraatti[u] heerumte ejjituu[v] jedhamti; yoo dhiirsii ishii du'e garuu waan seera sana irraa hiikamteef yoo nama biraatti heerumtellee ejjituu miti.
4Kanaaf yaa obboleeyyan kiyya, isinis akkasuma karaa foon Kiristoosiitiin seeraaf duutaniirtu; kunis akka isin kan nama dhibii jechuunis kan isa warra du'an keessaa kaafame sanaa taataniif; kun immoo akka Waaqayyoof firii[w] godhannuuf.
5Yeroo nu akka fooniitti deddeebi'aa turretti, hawwiin cubbuu kan seeraan kakaafame sun akka nu du'aaf firii godhannuuf nafa keenya keessatti hojjachaa ture.
6Amma garuu waan si'a[x] tokko nu hidhee ture sanaaf duunee seera irraa hiikamneerra; kunis akka seera moofaa[y] barreeffame sana jalatti tajaajilluuf[z] otoo hin ta'in akka jireenya hafuuraa haaraya sanaan tajaajilluuf.

**Seeraa Fi Cubbuu**

7Egaa maal jenna ree? Seerri

[t]1 ykn *jabeenna;* [u]3 ykn *dhibiitti;* [v]3 ykn *hawadattuu;* [w]4 ykn *midhaan;* [x]6 ykn *marroo;* [y]6 ykn *dullacha;* [z]6 ykn *hojjannuuf*

cubbuu dhaa? Matumaa[a] akkasii
miti! garuu ani otoo seeraan
ta'uu baatee cubbuun maal akka
ta'e hin beeku ture; otoo seerri
"hin hawwin" jechuu baatee ani
hawwiin maal akka ta'e hin
beeku ture. **8**Cubbuun garuu
ajajaan da'atee hawwii hamaa
gosa hundaa na keessatti uume;
lafa seerri hin jirretti cubbuun
du'aadhaa tii. **9**Ani duri seera
malee jiraachaa ture; yommuu
ajajni dhufetti garuu cubbuun ni
bayyanatte; anis nan du'e. **10**Aja-
jni jireenya fida jedhamee
eegame sunis akka du'a natti fide
nan hubadhe. **11**Cubbuun aja-
jaan da'atee na gowwoomse;
ajajuma sanaanis na ajjeese.
**12**Kanaaf seerri qulqulluu dha;
ajajni sunis qulqulluu dha;
qajeelaadha; gaariidhas.

**13**Egaa waan gaarii sanatu du'a
natti fidee ree? Matumaa akkasii
miti! cubbuunis akka cubbuutti
akka ilaalamuuf, akka karaa aja-
jaatiin ittuma caalee cubbuu
ta'uu'fis cubbuun karaa waan
gaarii sanaatiin du'a natti fide.

**14**Nus akka seerri sun seera
hafuuraa ta'e ni beenna; ani ga-
ruu nama foonii kan garbum-
maadhaan cubbuutti gurguramee
dha. **15**Ani waan hojjadhu hin
beeku; sababiin isaas ani waan
jibbu hojjadha malee waan jaaladhu
hin hojjadhuutii. **16**Ani eegii waan
hojjachuu hin barbaanne hojjadhe
akka seerri sun gaarii ta'e nan
dhugeessa[b]. **17**Akkas taanaan, cub-
buu na keessa jiraatuttu waan
kana hojjata malee anaa miti.
**18**Na keessa jechuunis namum-
maa kiyya isa foonii keessa akka
wanni gaariin tokkoyyuu hin
jirre nan beeka; ani waan gaarii
hojjachuu nan hawwa; garuu
hojjachuu hin danda'u. **19**Wanti
ani hojjadhu waan hamaa ani
hojjachuu hin barbaanne sana
malee waan gaarii ani hojjachuu
barbaaduu miti. **20**Egaa ani waan
hojjachuu hin barbaanne erga
hojjadhee ammaan achi cubbuu
na keessa jiraatu sanattu waan
kana hojjata malee anaa miti.

**21**Kanaaf akka seerri sun ho-
jjachaa jiru nan hubadha; yom-
muu ani waan gaarii hojjachuu
barbaadu hammeenyi na biratti
argama; **22**Anis keessa namum-
maa kiyyaatti seera Waaqay-
yoottin gammada. **23**Ani garuu
otoo seerri dhibiin seera yaada
kiyyaa waliin nafa kiyya kees-
satti wal-lolee seera cubbuu kan
nafa kiyya keessa jiruuf na boo-
ji'uu nan arga. **24**Ani nama
gadadamaa[c] akkamiiti! Nafa
du'aaf kenname kana jalaa
eennuttu na baasa? **25**Karaa
Gooftaa keenna Yesuus Kiris-
toosiitiin galanni Waaqayyoof
haa ta'uu.

[a]7 ykn *diqqumallee;* [b]16 ykn *dhugaa nanba'a/nanrageessa;* [c]24 ykn *rakkataa*

Kanaaf ani ufii kiyyaa yaada
kiyyaan garba seera Waaqayyoo
ti; foon kiyyaan garuu garba
seera cubbuu ti.

**Jireenya Hafuuraa**

8 Egaa amma warra kan Kiris-
toos Yesuusi ta'anitti hin
muramu. 2Seerri hafuura
jireenyaa karaa Kiristoos Ye-
suusiitiin seera cubbuutii fi seera
du'aa jalaa bilisa na
baaseeraatii.[d] 3Waan seerri
karaa fooniitiin dadhabsiifame
raawwachuu[e] hindandeenne sana,
Waaqayyo ilma isaa fakkeenya
nama cubbamaatiin akka aarsaa[f]
cubbuu ta'uuf ergee raaw-
wateeraatii; kanaanis cubbuu
foon keessa jirutti mureera. 4Ku-
nis akka qajeelinni seerri
gaafatu sun nu warra otoo akka
fedhii fooniitti hin ta'in akka
fedhii hafuuraatti jiraannu kees-
satti raawwatamuufii dha.
5Warri akka fedhii fooniitti
jiraatan waanuma foon hawwu
yaadu; warri akka fedhii ha-
fuuraatti jiraatan garuu waan
hafuurri hawwu yaadu. 6Akka
yaada fooniitti jiraachuun du'a
fida; akka yaada Hafuuraatti
jiraachuuni garuu jireennaa fi
nagaya fida.
7Yaanni foonii diina[g] Waaqay-
yoo ti; seera Waaqayyootiifis hin
bulu; buluus hin danda'u. 8Warri
akka fedhii fooniitti jiraatan
Waaqa gammachiisuu hin dan-
da'an.
9Isin garuu yoo hafuurri[h] Waaqay-
yoo isin keessa jiraate akka
fedhii hafuuraatti jiraattu malee
akka fedhii fooniittii hin jiraattan;
eenyuyyuu yoo Hafuura Kiris-
toosi qabaachuu baate inni kan
Kiristoosiitii miti. 10Yoo Kiris-
toos isin keessa jiraate garuu
nafti keessani sababii cubbuutiin
du'aa dha; hafuurri keessan
immoo sababii qajeelin-
naatiin jiraataa dha. 11Hafuurri
waaqaa inni Yesuusin warra
du'an keessaa kaase sun yoo isin
keessa jiraate, inni Kiristoos
Yesuusin warra du'an keessaa
kaase sun karaa hafuura isaa
kan isin keessa jiruutiin nafa
keessan isa du'uufis jireenya ni
kenna.
12Egaa yaa obboleeyyani, nu
dirqama[i] qabna; garuu fooniifii
miti; akka fedhii fooniitti jiraachuufis
miti. 13Isin yoo akka fedhii
fooniitti jiraattan ni duutuutii;
yoo hafuuraan hujii foon kees-
sanii ajjeeftan garuu ni jiraattu.
14Warri hafuura Waaqayyootiin
qajeelfaman cuftinuu ilmaan
Waaqayyootii. 15Isin hafuura
ilmummaa isa nu ittiin, "abbaa,
abbaa keenya" jennee waammannu
sana argattan malee hafuura

[d]2 ykn *yaana balchoomse;* [e]3 ykn *guu-
tuu;* [f]3 ykn *sooriyoo;* [g]7 ykn *hyaapha;*
[h]9 ykn *ayyaani;* [i]12 ykn *itti gaafatama*

garbummaa kan gara sodaatti
isin deebisu hin arganne. 16Akka
nu ijoollee Waaqayyoo taane kan
hafuura keenna waliin dhugaa
ba'us hafuuruma sana. 17Erga
ijoollee taanee immoo nu dhaal-
tota; jechuunis akka hirmaattota
ulfinna isaa taanuuf yoo hirmaat-
tota dhiphinna isaa taane, nu
dhaaltota Waaqayyoo ti; Kiris-
toos wajjiinis taanee ni dhaalla.

### Ulfinna Muldhachuuf Jiru

18Dhiphinni keenya inni ammaa
kun yoo ulfinna nutti muldhachuuf
jiru sana waliin madaalamu
akka womaattu hin lakkaawamne[j]
nan hubadha. 19Uumamni martinuu
muldhachuu ijoollee Waaqayyoo
hawwii guddaan eegachaa jira.
20Uumamni waan gatii hin qab-
netti dabarfamee kennameeraatii;
kunis otoo fedhii isaatiin hin
ta'in fedhii Waaqa abdiidhaan isa
dabarsee kenne sanaatiin. 21Kunis
akka uumamni mataan isaa gar-
bummaa badiisaa jalaa bayee
bilisummaa ulfinna qabeessa
ijoollee Waaqayyoo sanatti galuuf.
22Uumamni hundinuu hanga
ammaatti akkuma dhiphinna yeroo
ciniinsuutti akka aadaa jiru ni
beenna. 23Uumama qofa otoo hin
ta'in nu warri firii[k] hafuuraa kan
jalqabaa qabnuyyuu ilmummaa
fi furii nafa keennaa eegachaa uf
-keessatti ni aadna. 24Nu abdii
kanaan fayyineetii; abdiin muld-
hatu garuu abdii miti; namni waan
duraan arge abdatu eenyu ree?
25Yoo waan hin argin abdanne
garuu obsaan eeganna.
26Akkasumas hafuurri dadhabbii
keenya irratti nu gargaara; nu
waan waaqa kadhachuu qabnu
hin beennuutii; hafuurri garuu
aaduu dubbiin ibsamuu hin dan-
da'amneen nuuf kadhata. 27Waaqni
garaa keenna qoru sun yaada
hafuuraas ni beeka; hafuurri
akka fedhii Waaqayyootti
qulqullootaaf kadhataatii.

### Moo'attoota Caaluu

28Waaqayyo warra isa jaalatanii
fi warra akka kaayyoo isaatti
waamamaniif akka wanti hundi-
nuu gaarii ta'uuf jedhee akka
hojjatu ni beenna. 29Akka ilmi
isaa obboleeyyan baay'ee kees-
satti hangafa ta'uuf warri inni
duraan dursee beeke akka bifa
ilma isaa fakkaataniif Waaqayyo
duraan dursee murteesseeraatii.
30Inni warra duraan dursee mur-
teesse sana ni waame; warra
waame sanaafis qajeelinna kenne;
warra qajeelinna kenneef immoo
ulfinna kenne.
31Egaa kana irratti maal jenna
ree? Eegii Waaqayyo gama kee-
nya ta'ee eenyutti nuun mormuu
danda'a? 32Waaqni ilma isaallee
otoo hin waakkatin hunduma

[j]18 ykn *hin herregamne;* [k]23 ykn *mid-haan*

keennaaf dabarsee kenne sun akkamitti waan biraa[l] hundumaas isa waliin akkasuma nuuf hin kennu ree? 33 Warra Waaqni filate irratti eennuttu himata tokkollee dhiyeessaa? kan qajeelinna namaa kennu Waaqa. 34 Kan murtii kennu eenyu ? Kiristoos Yesuusi isuma nuuf du'ee, kana caalaa immoo warra du'an keessaa ka'ee mirgaa Waaqayyoo taa'ee nuuf kadhatu sanaa dha. 35 Jaalala Kiristoosii irraa eennuttu gargari nu baasaa? Rakkinna moo dhiphinna, gaargala moo beela, yookiin daara moo balaa goraadee? 36 Kunis isa:

"Nu siif jennee guyyaa cufa ni ajjeefamna;
Akka hoolota[m] qalamuuf jiraniittis
lakkaawamneerraa" jedhamee barreeffamee dha.

37 Kana hunda keessatti garuu nu isa nu jaalate sanaan moo'attoota ni caalla. 38 Duuti yookiin jireenyi, maleekkoonni Waaqayyoo yookiin jinniiwwan, wanni ammaa yookiin wanni dhufuuf jiru yookiin humni tokkolleeni, 39 Ol-dheerinni yookiin gadifageenni yookiin uumamni dhibiin tokkolleen jaalala Waaqayyoo kan Kiristoos Yesuus Gooftaa keenya keessa jiru irraa akka gargari nu baasuu hin dandeenye ani amaneera.

**Filannoo Waaqayyoo**

9 Wanti ani dubbadhu dhugaa dha; ani waan kan Kiristoosi ta'eef hin sobu; yaanni garaa kiyyaas hafuura Qulqulluudhaan[n] dhugaa naa ba'a[o]. 2 Ani gadda[p] guddaa fi dhiphinna wal-irraa hin cinne garaa kiyya keessaa qaba. 3 Aniyyuu obboleeyyan kiyya warra gosa kiyya ta'aniif jedhee otoo Kiristoos irraa gargari bayee abaaramee nan hawwa tureetii; 4 Isaanis saba Israa'eliiti. Mirgi ilmummaa, ulfinni, kakuun, seera fudhachuun, mana qulqullummaa keessa tajaajiluu[q] fi waadaan[r] kan isaanii ti. 5 Abbootiin kan isaanii ti; Kiristoosis isaan irraa fooniin dhalate; Waaqayyo inni waan hunda caalu barabaraan haa eebbifamuu; aamiin.

6 Garuu dubbiin Waaqayyoo fiixaan hin baane jechuu miti; sanyii Israa'eli keessaa kanneen Israa'el ta'an hunda isaaniitii miti; 7 yookaan sababii sanyii Abrahaami ta'aniif cufti isaanii ijoollee isaatii miti; "sanyiin kee Yisaaqiin ni waamama" jedhameeraatii. 8 Kana jechuunis ijoollee waadaatu sanyiitti lakkaawama malee ijoolleen foon

[l] 32 ykn *dhibii/ibaa*; [m] 36 ykn *ooliyyee ;* [n] 1 ykn *ayyaana woyyuun*; [o] 1 ykn *naa dhugeessa/naa rageessa;* [p] 2 ykn *laalala;* [q] 4 ykn *hojjachuufi;* [r] 4 ykn *kakuuni*

irraa dhalatan ijoollee Waaqay-
yootii miti. 9Dubbiin waadaa
sunis kan, "ani yeroo murteef-
fametti deebi'ee nan dhufa;
Saaraanis ilma ni deetti" jedhu
tureetii.

10Kana qofaa miti; ijoolleen
Ribqaas abbuma tokko qabu
turan; innis abbaa keenna Yisaaqi.
11Ijoolleen sun otoo hin dhalatin
yookaan otoo waan gaarii yoo-
kaan waan hamaa hin hojjatin
akka kaayyoon filannoo Waaqay-
yoo fiixaan bawuuf, 12otoo hujiin
hin ta'in isa waamicha Waaqay-
yootiin, "inni hangafni isa maandhaa[s]
tajaajila" jedhamee ishiitti hi-
mame. 13Kunis isa, "Yaaqoobin
nan jaaladhe; Esaawuu garuu
nan jibbe" jedhamee barreef-
famee dha.

14Egaa maal jenna ree? Gama
Waaqayyootiin jallinatu jira
moo? Matumaa[t] akkasii miti!
15Inni Muuseedhaan,

"Ani naman maaruu barbaade
nan maara;
naman garaa laafuufis garaa
nan laafa" jedhaatii.

16Kanaaf wanti kun araara
Waaqayyoo irratti malee hawwii
yookiin carraaqa namaa irratti
hin hundeeffamu. 17Kitaabni
Fari'ooniin, "Ani humna kiyya
sirratti agarsiisuuf, maqaan kiy-
yas akka addunyaa mara irratti
labsamuuf si kaaseera" jedhaatii.
18Kanaaf Waaqayyo nama maa-
ruu barbaade ni maara; nama
barbaade immoo mata-jabeessa
godha.

19Isinis, "Yoos Waaqayyo maaliif
hanga ammaatti dogongora nurra
barbaada? Fedhii isaas eenyuttu
mormuu danda'a?" naan jettu.
20Garuu yaa namaa, Waaqayyoon
mormuuf ati eennu? Wanti ho-
jatame tokko kan isa hojjateen,
"Ati maaliif akkanatti na ho-
jjatte?" jedhaa? 21Suphee-
dhooftuun tokko dhoqqee suphee
bukaaye irraa qodhaa ulfinnaatii
fi qodaa tajaajila salphaaf oolu
hojjachuuf mirga hin qabuu?

22Waaqayyo dheekkamsa isaa
agarsiisuufi, humna isaas beessisuuf
jedhee yoo mi'a dheekkamsaa
kanneen badiisaaf qopheeffaman
obsa guddaan bira dabre hoo?
23Inni badhaadhummaa ulfinna
isaa yoo mi'a araara isaa kanneen
duraan dursee ulfinnaaf qophees-
setti beessisuuf jedhee kana godhe
hoo? 24Nus warra waamaman
keessaa tokkoo dha; inni Yihuu-
dota qofa keessaa otoo hin ta'in
namoota ormaa keessaas waameera.
25Inni kitaaba Hoose'i keessatti
akkana jedha:

"Ani warra saba kiyya hin
ta'iniin, 'saba kiyya' nan jedha;
isii hin jaalataminiin immoo,
'jaalatamtuu' nan jedha."

26Akksumas,

[s]12 ykn *quxisuu;* [t]14 ykn *akkanallee jedhee*

"Bakkuma[u] itti, ' isin saba kiyyaa
miti' isaaniin jedhame sanatti,
'ilmaan Waaqa jiraataa' jedha-
manii ni waamamu ."
27 Isaayyaas akkana jedhee
waayee Israa'eli iyya;
"lakkoofsi ijoollee Israa'eli yoo
akka cirracha qarqara galaanaa
baay'ateyyuu,
hambaa isaanii qofattu fayya.
28 Gooftaan murtii isaa guutum-
maan,
lafa irratti daddafee ni raawwa-
taatii[v]."
29 Kunis akkuma Isaayyaas
duraan dursee akkana jed-
hee dubbatee dha;
"Otoo Gooftaan waan hunda
danda'u sun,
sanyii nuu hambisuu baatee,
nu akka Sodoomi taanee,
Gomoraas fakkaanna ture."

**Amanuu Diduu Israa'eli**

30 Egaa maal jenna ree? Namoonni
ormaa kan qajeelinna hin hor-
dofin qajeelina karaa amantiitiin[w]
ta'e argataniiru. 31 Israa'eloonni
seera qajeelinnaa hordofan garuu
qajeelinna hin arganne. 32 Maaliif
hin argannee? Kunis Sababii isaan
otoo karaa amantiitiin hin ta'in
hujiidhaan qajeelinna argachuu
barbaadaniif; isaanis dhagaa nama
gufachiisuun gufatan. 33 Kunis isa,
"Kunoo, ani dhagaa nama gufachiisu,
Qarsaa nama kuffisus[w] Xi-
yoon keessa nan kaaya;
namni isatti amanus matumaa
hin qaanawu " jedhamee bar-
reeffamee dha.

10 Yaa obboleeyyani, haw-
wiin garaa kiyyaatii fi
wanni ani waayee saba Israa'eli
Waaqa kadhadhu akka isaan
fayyaniidha. 2 Ani akka isaan
Waaqayyoof hinaaffaa qaban
nan dhugeessa[y]; hinaaffaan isaanii
garuu kan beekumsa irratti hun-
deeffamee miti. 3 Isaan waan
Qajeelinna Waaqa biraa dhufu
hin beekiniifi waan kan ufii
isaanii uumachuu barbaadaniif
qajeelinna Waaqayyootiif hin bulle.
4 Namni amanu[z] hundinuu akka
qajeelinna argatuuf Kiristoos raaw-
wii[a] seeraatii.
5 Namni qajeelinna seera irratti
hundeeffame raawwatu akka
qajeelinna sanaan jiraatu
Muuseen barreesseeraatii. 6 qa-
jeelinni amantii irratti hundeef-
fame garuu akkana jedha; "Ati
garaa kee keessatti, 'eenyuttu
gara samiitti ol-ba'a?' hin
jedhin;" kun Kiristoosin gadi
buusuuf. 7 Yookiin," 'eenyuttu
qileetti gadi bu'a?' hin jedhin;"
kun Kiristoosin warra du'an
keessaa ol-baasuuf. 8 Inni Garuu
maal jedha? "Dubbichi si bira
jira; afaan keetiifi garaa kee

[u]26 ykn *fuluma;* [v]28 ykn *niguutaatii;* [w]30 ykn *dhugeeffachaatiin;* [x]33 ykn *buusullee;* [y]2 ykn *dugaa-ba'a/rageessa;* [z]4 ykn *dugeeffatu;* [a]4 ykn *muummee*

keessa jira." Innis dubbii amantii
isa nu lallabnuu dha. 9Kunis yoo
akka Yesuus Gooftaa ta'e afaan
keetiin dhugaa baate, yoo akka
Waaqayyo warra du'an kees-
saa isa kaase amante, ati ni
fayyita. 10Namni garaa isaatiin
amanee qajeelumma argataatii;
afaan isaatiinis dhugaa ba'ee
fayya. 11Kitaabni, "Namni isatti
amanu kamiyyuu hin qaana'u"
jedha. 12Yihuudotaa fi Girikoota
jidduu garaa garummaan hin
jiruutii; Gooftuma tokkicha sanattlu
Gooftaa waan hundaa ti; innis
warra isa waammatan hunda eebba
isaatiin ni badhaasa. 13"Namni
maqaa Gooftaa waammatu hund-
inuu ni fayyaatii."

14Yoos isaan akkamitti nama
itti hin amanin waammachuu
danda'u ree? Nama waayee
isaayyuu hin dhaga'inittis akkamitti
amanuu danda'u ree? Otoo namni
isaanitti hin lallabinis akkamitti
dhagawuu danda'u ree? 15Isaanis
otoo hin ergamin akkamitti lalla-
buu danda'u? Kunis isa, "Miilli
warra oduu dansaa fidanii akkam
midhaagaa!" jedhamee barreef-
famee dha.

16Oduu dansaa sanas kan fud-
hate Israa'eeloota maraa miti;
Isaayyaas, "Yaa Gooftaa een-
nuttu ergaa keenna amane ree?"
jedhaatii. 17Egaa amantiin ergaa
dhagawuu irraa dhufa; ergaan
sunis karaa dubbii Kiristoosiitiin
dhagayama. 18Ani garuu, "isaan
hin dhageenne moo?" jedhee nan
gaafadha; dhugumanuu isaan
dhagayaniiru; kitaabnis:

"Sagaleen[b] isaanii lafa cufa
walga'e;
dubbiin isaaniis hanga handaara[c]
addunyaatti ba'e" jedha.

19Ammas ani, "Israa'el hin hu-
banne moo?" jedheen gaafadha;
duraan dursee Muuseen,

"Ani akka isin warra saba hin
ta'initti hinaaftan nan godha;
saba hubannaa hin qabneenis
isin nan aarsaa."

20Isaayyaasis ija[d] jabeennaan,

"Ani warra na hin barbaadinitti
nan argame;
warra na hin iyyaafatinittis nan
muldhadhe" jedha.

21Waayee Israa'el garuu,

"Ani guyyuma guyyaan gara
uummata hin ajajamnee fi
mata-jabeessa ta'eetti harka
kiyya diriirfadhe" jedha.

**Hambaa Saba Israa'eli**

**11** Anis, "Egaa Waaqayyo saba
isaa ni gatee ree?" jedhee
nan gaafadha; kun matumaa[e]
akkasii miti! Aniyyuu sanyii
Abrahaami, gosa Biiniyaami kees-
saa lammii Israa'elii ti. 2Waaqayyo
saba isaa warra duraan dursee
beeku sana hin ganne; Isin waayee
Eliyaas, innis akkamitti Waaqa

[b]18 ykn *qoonqoon/qoonqi;* [c]18 ykn *moggaa/dhuma;* [d]20 ykn *adda;* [e]1ykn *akkanallee jedhee*

duratti akka Israa'elin himate kitaabni akka maal jedhu hin beettanii? Innis akkana jedha; [3]"Yaa Gooftaa isaan raajota[f] kee ajjeesaniiru; iddoo aarsaa[g] keetiillee diiganiiru; anuma qofattu hafe; anas ajjeesuu barbaadu." [4]Garuu deebiin Waaqayyo isaaf kenne maal ture? "Ani ufii kiyyaaf namoota Ba'aaliif hin jilbiinfatin kuma torba hambifadheera." [5]Akkasuma yeroo ammaas hambaawwan ayyaanaan filataman jiru. [6]Eegii ayyaanaan ta'e ammoo ammaan achi hujiinii miti; otoo hujiin ta'ee immoo ayyaanni ayyaana hin ta'u ture.

[7]Egaa maali ree? Israa'el waan jabeessee barbaade sana hin arganne; warri filataman garuu argataniiru; warri kaan[h] immoo mataa jabaatan. [8]Kunis isa,

"Waaqayyo hanga guyyaa hardhaatti,
akka iji[i] isaanii hin agarreef,
akka gurri isaaniis hin dhageenyeef,
hafuura nama hadoochisu isaaniif kenne" jedhamee barreefamee dha.

[9]Daawitis akkana jedha;
"Maaddiin isaanii xuruuraa fi kiyyoo,
gufuu nama gufachiisuu fi adaba isaanitti haa ta'u.
[10]Akka arguu hin dandeenneef ijji isaanii haa haguugamu;
Duddi isaaniis barabaraan haa goophatu[j]."

**Damee Mukaa mukatti fayyisuu**

[11]Anis deebisee, "Isaan hanga kufanitti[k] gufatanii ree?" jedheen gaafadhe. Kun matumaa[l] akkasii miti! Garuu akka sabni Israa'eli hinaafuuf sababii balleessaa isaaniitiif fayyinni namoota ormaatiif dhufe. [12]Yoos eegii balleessaan isaanii addunyaaf badhaadhummaa fidee, kufaatiin isaaniis eegii namoota ormaatiif badhaadhummaa fidee, guutamni isaani immoo hagam caalaa badhaadhummaa haa fiduu ree?

[13]Yaa namoota ormaa, ani isinitti dubbadha; ani waan ergamaa namoota ormaa ta'eef, tajaajila kiyya nan kabaja[m]. [14]Kunis saba kiyya hinaaffaaf kakaasee isaan keessaa tokko tokko fayyisuu abdadheeti. [15]Eega didamuun isaanii addunyaaf araara fidee fudhatamuun isaanii ammoo warra du'an keessaa jireenyatti kaafamuu malee maal fida ree? [16]Bukoon akka kennaa hangafaatti dhiyeeffame tokko erga qulqulluu ta'e, bukoon hafes guutummaatti qulqulluu dha; hiddi muka tokkoo erga qulqulluu ta'ee, dameewwan isaas akkasuma qulqulluu dha.

[f]3 ykn *raagota;* [g]3 ykn *fulaa sooriyoo;* [h]7 ykn *kuuwwan;* [i]8 ykn *iltii;* [j]10 ykn *gadi goguu/goorratuu;* [k]11 ykn *jiganitti;* [l]11 ykn *diqqumallee*; [m]13 ykn *inulfeessa*

[17]Dameewwan sana keessaa tokko tokko caccabsamnaan ati otuma lataa ejersa bosonaa taatee jirtuu bakka[n] dameewwan caccabaniitti maxxantee[o] nyaata hidda ejersaa irraa argamu kan qoodattu taanaan, [18]dameewwan sana irratti uf hin jajin; yoo uf jajje garuu, hundee sanatu si baata malee akka ati hundee sana hin baanne hubadhu. [19]Atis, "akka ani hundeetti maxxanuuf dameewwan sun caccabsaman" ni jetta. [20]Kun dhuguma; isaan waan amantii[p] hin qabneef caccabsaman; ati garuu amantiin dhaabatteerta; kanaaf sodaadhu malee uf hin jajin. [21]Waaqayyo yoo kanneen uumamaan dameewwan ta'aniif garaa hin laafne, siifis garaa hin laafuutii.

[22]Egaa gara laafinnaa fi gara jabeenna Waaqayyoo hubadhu; gara jabeenni isaa warra kufan irratti; gara laafinni isaa garuu hanga ati garaa-laafinna isaa keessa jiraattutti siifi; yoo kanaa achii atis ni kutamta. [23]Isaanis yoo amantii dhabiisatti fufuu baatan hundeetti ni maxxanfamu; Waaqayyo deebisee hundee sanatti isaan maxxansuu ni danda'aatii. [24]Ati muka uumamaan ejersa bosonaa ta'e irraa muramtee karaa seera uumamaatiin ala ta'een muka ejersaa kan dhaabame irratti erga maxxanfamtee, dameewwan ejersa uumamaa kunniin hagam caalaa muka ejersa isaanii irratti deebifamanii hin maxxanfamne ree!

**Israa'eloonni Hundinuu Ni Fayyifamu**

[25]Yaa obboleeyyan, ani akka isin uf hin jajneef waan dhossaa kana akka wallaaltan hin barbaadu; kunis hanga guutummaan namoota ormaa galutti Israa'eloota gar tokko irra mata - jabeenni gayee ture. [26]Kanaafuu Israa'eloonni cufti ni fayyifamu; kitaabnis akkana jedha;

"Inni nama furu sun Xiyoon irraa ni dhufa;
Yaaqoob irraas jallinna balleessa.
[27]Anis yommuu cubbuu isaanii isaan irraa balleessutti,
kakuun kiyya kan ani isaanii galu kana."

[28]Akka wangeelaatti isaan sababii keessaniif jedhanii diinota[q] Waaqayyoo ti; akka filannootti garuu isaan sababii abbootii isaaniitiif jedhanii jaalatamtoota. [29]Kennaa fi waamichi Waaqayyoo hin jijjiiramuutii. [30]Akkuma isinis kanaan dura Waaqayyoof ajajamuu diddanii amma garuu ajajamuu diduu isaaniitiin araara argattan sana [31]isaanis akkasuma araara Waaqayyoo kan isin argattaniin akka araara argataniif amma ajajamuu didan.

[n]17 ykn *fulaa;* [o]17 ykn *fayyifamtee;* [p]20 ykn *dugeeffachaa;* [q]28 ykn *nyaaphata*

[32]Waaqayyo hunduma isaaniitiif araara buusuuf jedhee akka isaan ajajamuu diduu isaaniitiin booji'aman godhe.

**Waaqa Jajuu**

[33]Badhaadhummaan ogummaatii fi
beekumsi Waaqayyoo hagam
gadi fagaata!
Murtii isaa eennuttu qoruu danda'a!
Daandii isaas eennuttu hubachuu danda'a !
[34]"Eennuttu yaada Gooftaa beeke?
yookiin eennuttu gorsaa isaa
ture?"
[35]Yookiin akka Waaqayyoo deebisee isaaf kennuuf jedhe,
eennuttu Waaqayyoof waa
kenne ree?
[36]Wanti martinuu isaan uumame;
Isaan jiraata ; Isaaf jiraata.
Barabaraan ulfinni isaaf haa
ta'uu; aamiin.

**Aarsaa Jiraataa**

**12** Kanaaf yaa obboleeyyani, akka isin nafa keessan aarsaa[r] jiraataa, qulqullaa'aa fi kan Waaqa biratti fudhatamaa ta'e gootanii dhiyeessitaniif ani gara laafinna Waaqayyootiin isin kadhadha; kunis waaqeffannaa keessan kan hafuuraa ti[s].
[2]Fedhiin Waaqayyoo inni gaariin, inni fudhatamaanii fi inni mudaa[t] hin qabne sun maal akka ta'e qorattanii akka mirkaneessitaniif haaromfamuu qalbii keessaniitiin jijjiiramaa malee addunyaa kanaan wal hin fakkaatinaa.
[3]Ani ayyaana naa kennameen isin hunda nan gorsaati; akka madaallii amantii[u] kan Waaqayyo isinii kenne sanaatti waayee ufii keessanii yaadaa malee hanga yaaduu qabdanii olitti hin yaadinaa.
[4]Akkuma nafti keenya kutaa baay'ee qabu, akkuma kutaawwan kunniinis hujii gara garaa qaban,
[5]akkasuma immoo hundumti keenya tokkummaa Kiristoos waliin qabnuun nafa tokkoo dha; tokkoon tokkoon keenyas kan walii ti.
[6]Nu akkuma ayyaana nuu kennameetti kennaa garaa garaa qabna;yoo kennaan nama tokko rajii dubbachuu[v] ta'e, akkuma amantii isaatitti haa dubbatu;
[7]Yoo tajaajiluu[w] ta'e, haa tajaajilu; yoo barsiisuu ta'e, haa barsiisu;
[8]Yoo jajjabeessu ta'e, haa jajjabeessu; yoo warra rakkataniif kennu ta'e, arjummaan haa kennu; yoo bulchu ta'e jabaatee haa bulchu; yoo araara buusuu ta'e gammachuun haa godhu.

**Jaalala**

[9]Jaalalli keessan dhuga-qabeessa haa ta'u; waan hamaa jibbaa waan mishaatti[x] maxxanaa.
[10]Jaalala obbolummaatiin wal-jaaladhaa; mataa keessan caalaa ulfinna

[r]1 ykn *sooriyoo;* [s]1 ykn *ayyaanaati;* [t]2 ykn *hanqinna;* [u]3ykn *dhugeeffachaa;* [v]6 ykn *faguu/dubbii raagaa dubbachuu;* [w]7 ykn *hojjachuu;* [x]9 ykn *dansaatti/gaariitti*

walii kennaa. 11Gooftaa tajaajiluuf hafuura oow'aa qabaadhaa malee duubatti hin deebi'inaa. 12Abdiitti gammadaa; dhiphinna obsaa; waaqa kadhachuutti cimaa. 13Qulqulloota rakkatan gargaaraa; keessumootallee simadhaa.

14Warra isin gaargalchan[y] eebbisaa; eebbisaa malee hin abaarinaa. 15Warra gammadan waliin gammadaa; warra boo'an waliin boo'aa. 16Walii galteedhaan wajjiin jiraadhaa; hiyyeeyyii waliin jiraadhaa malee uf hin jajinaa; ufis hin tuulinaa.

17Nama cufa duratti waan gaarii hojjadhaa malee eenyumaafuu hammeenna inni raawwateef[z] hammeenna hin deebisinaa. 18Yoo danda'ame gama keessaniin nama mara waliin nagayaan jiraadhaa. 19Yaa jaalatamtootaa, dheekkamsa Waaqayyootiif bakka[a] kennaa malee haaloo[b] hin bayinaa[c]; Gooftaani, "Haaloo bawuuni kiyya; ani deebisee nan baasa jedha" jedhamee barreeffameeraa tii. 20Kanaaf,

"Yoo diinni[d] kee beelaye waan inni nyaatu kenniif;
yoo inni dheebotes waan inni dhugu kenniif;
Kana gochuu keetiinis barbada ibiddaa mataa isaa irratti tuulta."

21Gaarummaan hammeenna moo'i malee hammeennaan hin moo'amin.

## Abbootii Aangootii Ajajamuu

**13** Namni kamiyyuu abbootii aangoo[e] bulchiisaatii ajajamuu qaba; yoo Waaqa irraa ta'e malee aangoo qabaachuun hin danda'amuutii; warra aangoo qaban Waaqattu muuda. 2Kanaaf namni abbootii aangoo mormu ajaja Waaqayyoo morma; warri akkasi godhanis murtii ufitti fidu. 3Bulchitoonni warra hammeenna hojjatan malee warra waan dansaa[f] hojjatan hin sodaachisani; Ati akka nama aangoo qabu tokko hin sodaanne ni barbaaddaa? kanaaf waan gaarii hojjadhu; inniyyuu si kabajaatii[g]. 4Inni waan mishaa sii gochuuf tajaajilaa[h] Waaqayyoti; ati garuu yoo hammeenna hojjatte sodaadhu; inni akkasumaan goraadee hinqabatuutii. Inni tajaajilaa Waaqayyoo kan warra hammeenna hojjatan irratti dheekkamsa fiduun haaloo[i] baasu dha. 5Kanaaf namni tokko dheekkamsa sodaachuu qofaaf otoo hin ta'in, yaada qulqulluu qabaachuuf jedhee warra aangoo irra jiraniif ajajamuu qaba.

6Isinis kanumaaf gibira baaftu; abbootiin aangoo tajaajiltoota Waaqayyoo warra hujii bulchiisaa

[y]14ykn *ariyatan/baqachiisan;* [z]17 ykn *hojjateef;* [a]19 ykn *fulaa;* [b]19 ykn *halu*u; [c]19 ykn *hin baasinaa*; [d]20 ykn *nyaaphii;* [e]1 ykn *guddinna;* [f]3 ykn *mishaa/gaarii;* [g]3 ykn *ulfinna sii kennaatii;* [h]4 ykn *hojjataa;* [i]4 ykn *haluu*

irratti bobba'aniitii. 7Waan nama
hundaaf kennuun isin irra jiru
kennaa; yoo qaraxa ta'e qaraxa,
yoo gibira ta'e immoo gibira
baasaa; yoo sodaachuu ta'e
sodaadhaa; yoo ulfinna kennuu
ta'es, ulfinna kennaa.

**Wal-Jaaladhaa**

8Isin wal-jaalachuu malee idaa
nama tokkoollee uf-irraa hin
qabaatinaa; namni nama
biraa[j] jaalatu kamiyyuu seera
raawwateeraatii[k]. 9Ajajawwan
"Hin ejjin[l]; nama hin ajjeessin;
hin hatin; waan hamaa hin haw-
win" jedhanii fi ajajni biraas
seera, "Ollaa kee akka ufii
keetiitti jaaladhu" jedhu kanaan
raawwateera. 10Jaalalli ollaa isaa
hin miidhu; kanaaf jaalalli raaw-
wii seeraa ti.

11Yeroon isin itti hirriibaa kaatan
akka amma ta'e hubadhaatii kana
raawwadhaa; fayyinnis yeroo nu
itti amanne[m] sana caalaa amma
nutti dhiyaateeraatii. 12Halkani
dabruu gayeera; guyyaanis dhi-
yaateera; kanaaf hujii dukkanaa
uf-irraa gannee mi'a waraanaa
kan ifaa haa hidhannuu. 13Koottaa
nu akka warra ifa guyyaa keessa
jiraataniitti amala keenya ni qa-
jeelfannaatii; sirbaa fi machiinii
miti; halalummaa[n] fi ejjaanii miti;
wol-loluu fi hinaaffaanis miti.
14Qooda kanaa Gooftaa Yesuus
Kiristoosin uffadhaa; akka inni
hawwii isaa guutatuufis fooniif
hin yaaddayinaa.

**Obboleessa Keetti Hin Murin**

**14** Nama amantiitti[o] dadha-
baa ta'e ufitti qabaa; ku-
nis yaada isaa irratti muruuf hin
ta'in. 2Namoonni tokko tokko
waanuma argatan nyaachuutti
amanu; warri amantiitti laafaa
ta'an garuu atikiltii qofa nyaatu.
3Namni waanuma hunda nyaatu
tokko nama hin nyaatin hin tuf-
fatin; inni waan hunda hin
nyaatinis nama nyaatutti hin
murin; Waaqayyo isa jaalateeraatii.
4Hojjataa nama kaaniitti kan
murtu ati eenyu? Inni yoo dhaa-
bates yoo kufes[p] Gooftaa isaatiif;
waan Waaqayyo isa dhaaba-
chiisuu danda'uufis ni dhaabata.

5Namni tokko akka waan guy-
yaan tokko guyyaa kaan caalaa
qulqullaayeetti yaada; namni kaan
immoo guyyaan cufti wal-qixxeedha
jedhee yaada; namni kamiyyuu
yaada isaa guutummaatti amanee
haa fudhatuu. 6Namni guyyaa
tokko kabaju[q] Gooftaaf jedhee
kabaja; kan foon nyaatus waan
Waaqa galateeffatuuf Gooftaaf
jedhee nyaata; inni lagatus
Gooftaaf lagata; Waaqas ni

[j]8 ykn *dhibii/ibaa;* [k]8 ykn *guuteeraatii;* [l]9 ykn *hin hawwadatin;* [m]11 ykn *dhugeeffannee;* [n]13 ykn *sharmuuxomaa;* [o]1 ykn *dhugeeffachaatti;* [p]4 ykn *jigellee;* [q]6 ykn *ulfeessu*

galateeffata. [7]Nu keessaa namni mataa isaa qofaaf jiraatu, kan mataa isaa qofaafis du'u hin jiruutii. [8]Nu yoo jiraanne Goofta af jiraanna; yoo duunes Gooftaaf duuna; kanaaf yoo duunes yoo jiraannes nu kan Gooftaa ti.

[9]Sababii kanaaf Kiristoos Gooftaa warra du'aniitii fi warra jiraatanii ta'uuf du'e; deebi'ees jiraataa ta'e. [10]Yoos ati maaliif obboleessa keetti murta ree? yookaan maaliif obboleessa kee tuffatta ree? Nu marti teessoo murtii Waaqayyoo dura ni dhaabannaatii. [11]Kunis,

" 'Ani jiraataa dha';
'jilbi hundi anaaf ni jilbiinfata;
arrabni hundi Waaqa ni galateeffata' jedha Gooftaan"
jedhamee barreeffameeraatii.

[12]Kanaafis nu martii waayee mataa keennaa fuula Waaqayyoo duratti deebii ni kennina.

[13]Kanaaf nu walitti muruu haa dhiifnu; qooda kanaa akka karaa obboleessa keessanii irra gufuu yookiin waan nama gatantarsu tokkollee hin keenye beekkadhaa. [14]Akka wanni ufuma isaatiin xuraawaa ta'e tokkolleen hin jirre ani karaa Gooftaa Yesuusiitiin nan beeka; hubadheeras; nama wanni tokko xuraawaa dha jedhee yaaduuf garuu wanni sun isaaf xuraawaa dha. [15]Yoo wanni ati nyaattu Obboleessa kee miidhe, ati jaalalaan dedeebii'aa hin jirtu; ati waan nyaattuun Obboleessa kee isa Kiristoos isaaf du'e badiitti hin geessin; [16]Kanaaf wanti ati gaarii dha jettee yaaddu akka waan hamaatti dubbatamu hin godhin. [17]Mootummaan Waaqayyoo qajeelinna, nagayaa fi gammachuu hafuura Qulqulluun[r] ta'ee dha malee waayee nyaataatii fi dhugaatii miti. [18]Namni haala kanaan Kiristoosin tajaajilu[s] Waaqa biratti fudhatamaadhaatii; namoota birattis ni kabajama.

[19]Kanaaf waan gara nagayaa nama geessu gochuu fi wal-ijaaruuf tattaafii cufa haa goonu! [20]Nyaataaf jettee hujii Waaqayyoo hin balleessin; nyaanni marti dhugumaan qulqulluu dha; garuu namni tokko waan nyaatuun namoota dhibii gufachiisuun isaa qajeelaa miti. [21]Akka obboleessi kee hin gufanneef, foon nyaachuu dhiisuun yookiin daadhii wayinii dhuguu dhiisuun yookiin waan dhibii kamiyyuu gochuu dhiisuun misha'aadha.

[22]Kanaaf ati amantii waan kana irratti qabdu kamiyyuu fuula Waaqaa duratti ufumaa keetii qabaadhu; Namni waan amanee fudhate irratti ufitti hin murre eebbifamaa dha. [23]Namni shakkii qabu garuu nyaachuun isaa waan amantiin hin ta'iniif yoo nyaate isatti murama; wanni amantiin hin ta'in kamiyyuu cubbuu dhaatii.

[r]17 ykn *ayyaana woyyuutiin;* [s]18 ykn *hojjatuuf*

15 Nu warri amantiitti[t] ja-
baanne, dadhabbii warra
laafanii gargaaruu qabna malee
mataa keenya qofa gammachiisuu
hin qabnu. 2Tokkoon tokkoon kee-
nya ollaa keenya guddisuuf, isas
fayyaduuf waan isa gammachiisu
haa goonu. 3Kiristoosiyyuu ufii
isaa hin gammachiifneetii; kun
garuu isa,"arrabsoon warra si
arrabsanii narra gayeera" jedha-
mee barreeffamee dha. 4Nu akka
obsaafi jajjabeenna Kitaaboonni
Qulqulluun kennaniin abdii qa-
baannuuf wanti duri barreeffame
cufti barumsa keennaaf barreef-
fameetii.

5Waaqni obsaa fi jajjabeenna
namaa kennu sun akka isin fak-
keenya Kiristoos Yesuusi hor-
doftanii walii galteen waliin
jiraattaniif hafuura[u] tokkummaa
isinii haa kennu. 6Kunis akka isin
yaada tokkoo fi afaan tokkoon
Waaqayyoof, Abbaa Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosiitiif
ulfinna kennitaniifi.

7Kanaaf akkuma Kiristoos ulfinna
Waaqayyootiif jedhee isin simatetti
isinis wal-simadhaa. 8Kiristoos
akka dhugaan Waaqayyoo muld-
hatuuf waadaa[v] abbootiif kenname
mirkaneessuuf jedhee tajaajilaa
warra dhagna qabatanii[w] akka ta'e
ani isinittin himaatii. 9 Kunis isa,

"Kanaaf ani namoota ormaa
keessatti si galateeffadha;
Maqaa keetiifis nan faarfadha"
jedhamee barreeffamee dha.
10 Deebisees,
"Yaa namoota ormaa, isin saba
isaa waliin gammadaa" jedha.
11 Ammas,
"Yaa namoota ormaa, hundi
keessan Gooftaa galateef-
fadhaa;
Namoonni hundinuus, faarfan-
naa galataa isaaf faarfadhaa"
jedha.
12 Akkasumas Isaayyaas,
"Inni namoota ormaa bulchuuf ka'u,
hiddi Iseeyi ni dhufa;
namoonni ormaas isa abdatu"
jedha.
13Isinis akka humna hafuura
Qulqulluutiin abdii guutee-
dhangala'uun guutamtaniif,
Waaqni burqaa abdii ta'e sun
isatti amanuu keessaniin gamma-
chuu fi nagaya hundumaan isin
haa guutu.

**Phaawuloos Tajaajilaa Namoota Ormaa Ta'uu Isaa**

14Yaa obboleeyyan kiyya, isin
ufii keessanii akka gaarummaan
guutuu taatan, akka beekumsa
hundumaanis guutamtanii fi akka
wal-gorsuu dandeettan aniyyuu
hubadheera. 15Ayyaana Waaqayyo
naa kenneenis waan tokko tokko
isin qaabachiisuuf jedhee ija[x]
jabeennaan isinii barreesseera;

[t]1 ykn *dhugeeffachaatti;* [u]5 ykn *ayyaana;* [v]8 ykn *kakuu;* [w]8 ykn *gadoomanii/ qabaanqabaa qabatanii;* [x]15 ykn *adda*

16 kunis akka namoonni ormaa hafuura Qulqulloon qulqulleeffamanii fuula Waaqaa duratti aarsaa[y] fudhatamaa qabu ta'aniifi akka ani lubummaa[z] wangeela waaqaa lallabuutiin namoota ormaatiif tajaajilaa[a] Kiristoos Yesuusi ta'uuf.

17 Kanaaf ani Waaqa tajaajiluu kiyyaan, tokkummaa ani Kiristoos Yesuus wajjiin qabuunis nan boona. 18 Akka namoonni ormaa waan ani dubbadhee fi waan ani hojjadheen waaqayyoof ajajaman kan godhe Kiristoos malee ani waan tokkollee dubbachuuf ija hin jabaadhu. 19 Kunis humna milikkitaa[b], humna dinqiitii[c] fi humna Hafuura Qulqulluutiin raawwatame[d]. Kanaaf ani Yerusaalemii jalqabee nannaawuun hanga Iliiriquumiitti guutummaatti wangeela Kiristoosi lallabeera. 20 Kanaaf ani akka hundee[e] namni biraa[f] kaaye irratti hin ijaarreef lafa Kiristoos itti hin beekaminitti wangeela lallabuuf yeroo mara nan tattaafadha. 21 Kunis isa,

"Warri waayeen isaa itti hin himamin ni argu;
warri hin dhagayinis ni hubatu"
jedhamee barreeffamee dha.

22 Anis kan yeroo baay'ee gara keessan dhufuu dadhabeef kanumaafi

**Phaawuloos Roomaa dhaquuf Yaaduu Isaa**

23 Amma garuu nannowwan kanatti lafti itti hojjadhu waan hin jirreefi anis waan isin arguuf waggaa baay'ee hawwaa tureef, 24 Yeroo Isphaaniyaa dhaqu isinitti goruu nan yaada; anis yeroo achi irra dabru erga isin argee boqodhee booddee[g] akka Imala kiyya irratti na gargaartan nan abdadha. 25 Amma garuu ani qulqulloota tajaajiluuf Yerusaalem dhaquutti jira. 26 Warrii Maqedooniyaatii fi warri Akaayiyyaa qulqulloota Yerusaalem jiraatan keessaa warra hiyyeeyyiif buusii[h] gochuutti gammadaniiruutii. 27 Kana gochuun Waan isaan irraa eegamuufis buusii kana gochuutti gammadan; eega namoonni ormaa eebba Hafuuraa Yihuudota irraa qoodatanii, eebba isaanii kan foonii immoo Yihuudotaan gawuun waan isaan irraa eegamuu dha. 28 Kanaaf ani erga hujii kana xummuree,[i] gargaarsa walitti qabame kanas isaanitti kennee booddee isinitti goree Isphaaniyaa dhaqa. 29 Ani yommuu gara keessan dhufu akka eebba Kiristoosiitiin badhaadhee dhufu nan beeka.

30 Yaa obboleeyyani, akka isin kadhannaa Waaqa kadhattan

[y]16 ykn *sooriyoo;* [a]16 ykn *qaallummaa;* [a]16 ykn *hojjataa;* [b]19 ykn *milikkeeta/ malkata;* [c]19 ykn *mamaatiifi/ ajaa'ibaatiifi;* [d]19 ykn *guutame;* [e]20 ykn *yayyaba;* [f]20 ykn *ibaa/dhibiin;* [g]24 ykn *duubatti;* [h]26 *ykn kennaa gargaarsaa;* [i]28 ykn *hobbaafadhee*

keessatti naa kadhachuudhaan na waliin dhamaatan[j] maqaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiin, jaalala Hafuura Qulqulluutiinis isin kadhadha. 31Akka ani miid-
haa namoota Yihuudaa keessa jiraatan kanneen hin amaninii jalaa bawuu fi akka tajaajilli kiyyas Yerusaalem keessatti qulqulloota achi jiraatan biratti fudhatama argatu naa kad-
hadhaa. 32Kunis akka ani fedhii Waaqayyootiin, gammachuudhaan isin bira dhufee isin wajjiin
boqodhuufi. 33Waaqni nagayaa hunduma keessan waliin haa ta'u; aamiin.

### Phaawuloos Nagaya Dhaamuu Isaa

16 Obboleettii teenna Feeben tajaajiltuu[k] waldaa kiristaanaa ishii Kinkiriyaa imaanaa isinitti nan kennadha.
2Ishiin namoota baay'eef, anaafis gargaarsa guddaa waan gooteef akka isin simannaa qulqullootaaf maluun maqaa gooftaatiin ishii simattaniifi akka gargaarsa ishiin isin irraa barbaaddu kamiyyuus ishiif gootani isin kadhadhaa.

3Phirisqiilaa fi Aqiilaa warra Kiristoos Yesuus keessatti na waliin tajaajilanitti nagaya naa
himaa. 4Isaan naa jedhanii lubbuu isaanii dabarsanii balaaf kennan; otoo ana qofa hin ta'in waldaaleen kiristaanaa namoota ormaa hundinuus akka malee isaan galateeffatu.
5Akkasumas waldaa kiristaanaa mana isaanii jirtutti nagaya naa himaa.

Kutaa biyyaa Isiyaa keessaa jalqabatti Kiristoositti kan amane michuu[l] kiyyaa jaalatamaa Ephinexoosittis nagaya naa himaa
6Maariyaam isii baayee isin tajaajiltettis nagaya naa himaa.
7Firoota kiyya warra na wajjiin hidhaman Andiironiiqosii fi Yooniyaasittis nagaya naa himaa; isaan warra ergamtoota keessaa maqaa gaarii qaban kanneen na duras Kiristoositti amananiidha[m].
8Amphiliyaxoos isa karaa Gooftaatiin jaala kiyya ta'eettis nagaya naa himaa.
9Urbaanoos isa tajaajila Kiristoosi keessatti nu waliin tajaajiluu fi hiriyyaa kiyya Isxakiisittis nagaya naa himaa.
10Apheelee isa Kiristoositti amanuun isaa qoramee mirkaneeffametti nagaya naa himaa.

Namoota maatii Arxoobuluusi ta'anittis nagaya naa himaa.
11Fira kiyya Heroodiyoonaatti, nagaya naa himaa;

Namoota maatii Naarkisosi

[j]30 ykn *dadhabdan;* [k]1 ykn *hojjattuu;* [l]5 ykn *jaala/hiriyyaa;* [m]7 ykn *dhugeeffataniidha*

kanneen Gooftaatti amananit-
tis nagaya naa himaa.
12 Dubartoota hujii Gooftaatti
jabaatan Xirfeenaa fi Xir-
foosaatti nagaya naa himaa.

Dubartii jaalatamtuu hujii goof-
taatti baay'ee jabaattu Phaarsi-
daattis nagaya naa himaa.
13 Ruufoos tajaajilaa Gooftaa isa
filatamaa fi haadha isaa
ishii anaafis haadha taatetti
nagaya naa himaa.
14 Asinkirixoositti, fileegonitti,
Hermeesitti, Phaxroobaasitti,
Hermaasittii fi obboleeyyan
isaan waliin jiranittis nagaya
naa himaa.
15 Filoologoositti, Yuuliyaasitti,
Niiriyoosittii fi obboleettii
isaatti, Olimphaasii fi qulqul-
loota isaan wajjiin jiran cufat-
tis nagaya naa himaa.
16 Dhuungoo qulqulluun nagaya
wal-gaafadhaa[n];

Waldaaleen Kiristoosi mar-
tinuu nagaya isinii dhaamu.

17 Yaa obboleeyyani, ani akka isin
warra gargar-bayiinsa uumanii fi
warra barumsa isin barattaniin
mormuun karaa keessan irra gufuu
kaayani irraa uf-eegatan isin
kadhadha; isaan irraa fagaadhaa.
18 Namoonni akkasii garaa ufii
malee Gooftaa keenya Kiris-
toosin hin tajaajilaniitii; isaan
afaan isaanii dhadhaa dibatanii,
namoota gara laafeeyyii sosso-
banii gowwoomsu. 19 Waayeen
ajajamuu keessanii nama hundu-
maa biratti dhagayameera; anis
baay'ee isinitti nan gammada;
garuu akka isin waan gaariif
ogeeyyii, waan hamaaf immoo
garraamota[o] taatan nan barbaada.
20 Waaqni nagayaa dafee Sheex-
ana miila keessan jalatti ni cac-
cabsa.

Ayyaanni Gooftaa keenna Ye-
suusii isin waliin haa ta'u.

21 Ximootewoos inni na wajjiin
tajaajilu, akkasumas firoonni
kiyya Luuqiyoos, Yaasonii fi
Soosiphaaxiroos nagaya isinii
dhaamu.
22 Anis xarxiyoos berreessaan
xalayaa kanaa maqaa gooftaatiin
nagaya isinii dhaama.
23 Gaayiyoos inni anaafi waldaa
kiristaanaa cufa keessumsiisus
nagaya isinii dhaama.

Qabduun maallaqaa kan ma-
gaalaa[p] kanaa Eraasxoos akka-
sumas obboleessi keenya Qu'aarxoos
nagaya isinii dhaamu. 24 Ayyaanni
Gooftaa keenya Yesuus Kiris-
toosi isin mara waliin haa ta'uu;
25 Egaa Waaqayyo akka wan-
geela kiyyaatii fi lallaba Yesuus
Kiristoosiitti, akka muldhata
icciitii[q] bara dheeraaf dhoffamee
tureettis jabeessee isin dhaabuu
ni danda'a. 26 Amma garuu akka
saboonni hundinuu Waaqatti

[n] 16 ykn *wal-fuudhaa;* [o] 19 ykn *worra garaa qulqulluu;* [p] 23 ykn *beessee dira;* [q] 25 ykn *dhossaa*

amananii fi akka isaa ajajamaniif
iccitiin sun ajaja waaqa bara-
baraatiin, katabbiiwwan raa-
jotaatiin[r] ifatti baafameera; bees-
sifameeras. 27 Waaqa beekaa
ta'eef sanaat karaa Yesuus Kiris-
toosiitiin ulfinni barabaraan haa
ta'uu; aamiin.

[r]26 ykn *raagotaatiin*